**Biyya Haaratti erga godaane maatiin koo deebi'anii natti makamuu danda'uu?**

Maatiin deebi'anii walitti makamuu biyya UK

Maatii irraa adda fagaatuun waan hedduu ulfaatuu fi onnee nama cabsuudha.
Refugee Info Bus maatii keessan wojjiin deebitanii akkamiin akka wolitti dabalamtan irratti odeeffannoo kana isiniif qopheesseera.

Maatii keessaniin deebitanii wolitti dabalamuuf karaan ittiin iyyattan gara garaa fi kan ulagaa qabuudha.

**Woraqaan odeeffannoo kun, Namoota koolugaltummaa, iyyannoo namoomaa, fi namoota biyya UK keessatti qubataniin fi maatii ufiitiin deebi'anii biyya UK tti wolitti dabalamuuf iyyannoo galfatan kan gargaaruudha.**

Karaan maatii keessaniin deebitanii wolitti dabalamuuf ittiin iyyattan kana qofaa miti. Maatii woliin debi'anii wolitti dabalamuu woliigaltee Dubliin (**family reunion under Dublin III**) fi Viisaa maatii (**family visas.)** odeeffannoo biroo kanneen maatiin wolitti dabaluu ilaalchisee maxxansa Refugee Info Bus ilaalaa.

Biyya UK keessatti Woraqaa jireenyaa kan koolugaltumma, koolugaltummaa namoomaa, ykn carraa biyya sadaffaatiin qubattaniirtu yoo ta'e, maatii keessaniin deebitanii wolitti makamuudhaaf iyyanno biyya UKtti galchuu ni dandeetttu.

Iyyannoo kana galfachuudhaaf galii dhaabbataa qabaachuun dirqamaa miti, biyya sana keessa yeroo murtaayef jiraattus rakkoo miti, afaan dubbachuu yoon hin dandeennes rakkoo miti ( Haa ta'uu garuu Viisaa maatiitiif ulaagaadha).

Iyyannoo biyya UK tti maatiin wolitti dabalamuu galchuudhaaf Miseensonni maatii dirqama biyya Europe keessatti argamuun irra hin jiraatu, iyyannichi akkka woliigaltee Dublin III tiin raawwata.

Iyyannoo maatiin deebitanii wolitti dabalamuu galchuudhaaf kafaltiin hin barbaachisu.

Maatiin keetis akkuma kee haayyama biyya UK jiraachuu kan woggaa 5 argatu. Namoota woraqaa baqattumaa fi woraqaa namoomaa qabaniif eeyyama jireenyaa hanga woggaa shan

**Qorattooni Refugee Info Bus odeeffannoo kanneen kan wolitti qaban, madda amanamoo irraayi. isaanis Right to Remain, Refugee Council and Europa.EU kan jedhamaniidha. Woraqaan kun kan isin gargaaru malee iyyannoo koolugaltumma ilaalchisee gorsa seeraatiif hin oolu. Seerri koolugaltummaa ni jijjiirama, dhimmi martuu gargara. yoo kan shakkiin isinitti bulu ta'e ogeessa seeraa dubbisaa.**

turutu kennama. Kunis haalli biyya keetii jijjiirama kan hin qabne ta'uun isaa yoo mirkanaheedha.

Maatii keetiif iyyannoo wolitti makamuu galfachuudaaf Firummaa ykn wolitti dhiyeenna woliin qabdu karaa haqa ta'ee fi amansiisaa ta'een mirkaneessuu qabda. Wolitti dhiyeenyi kee osoo ati koolugaltummaadhaaf hin iyyatin dura kan eegalame ta'uus mirkaneessuu qabda.

Kannenis mirkaneessuudhaaf woraqaalee seera qabeessa ta'an kan akka **Passportii, ragaa barreeffamaa namoota dhimmicha kana sirritti beekan irraa, miidiyaa hawaasaa kan wolitti dhimmicha ibsuu, qorannoo DNA fi ragaalee biroo dhiyeessuu qabdu.**

Maatiin deebitee wolitti makamuudhaaf :

1. **Qaadhims, Haadha manaa ykn abbaa manaa osoo seeraan wol hin fuudhin wojjiiin jiraattu (Spouses, civil-union partners or common law spouses)**
2. **Daa'ima qaadima keetiii (You or your spouse/ partner's children)**

Hubachiiisa: Abbaa fi haadha, Obbolewwan kee, gara UK fiduudhaaf siif **hin eeyyamamu** (biyya Faransay ni dandeetta) Umuriin kee 18 gadi yoo ta'uu siif hin eeyyamau. Maatii kee wojjiin kan gargar baate erga Europe dhufte booda ta'e seerri kanaan adda ta'e ni jira kanaafuu odeeffannoo Refugee Info Bus akka wolii galtee dubliinin maatiitin wolitti daalamuu (Dubliin III family reunion) irratti qopheesse ilaali.

1, Qaadhima, haadha manaa ykn abbaa manaa osoo seeran wol hin fuudhin waliin jiraattu (**spouse, civil-union partner or common law spouse.)**
Wolitti dhufeenyi kee fi kan Qaadhima ykn jaalallee keetii kan eegale osoo ati biyya keeti irraa hin bahin ta'uutu irra jira.

Wojjiin UK keessa woliin jiraachuuf Karoora fi fedhii qabaachuu qabdu.

Kanneen mirkaneessuu qabdu :

a) Wol fuutaniirtu /biyya keetti bifa seera qabeessa ta'een woliigaltanii wojjiin jiraattan yoo ta'e. Gaa'eelli tokko tokko kan bifa amantii ykn aadaatin wal fuudhan iyyannoo maatiin wolitti dabalamuuf iyyattiniif seera qabeessa miti. Isa kana karaa fuudha ykn heeruma osoo seeran hin beeksfneetti raawwatameen iyyachuun ni danda'ama. Biyyi UK fuudha nama tokkoo ol hin eeyyamtu (haadha manaa tokkoo ol hin eeyyamtu) kana jechuun iyyannoon ati galfatti kan haadha manaa ykn kaadhima tokkoo qofaati.

Fuudha ykn heeruma biraatti ceehuun duratti inni duraa sun karaa seera qabeessan addaa bahuu keessan mirkaneessutu isin irra jira.

b) Haadha manaa, fuudha ykn heeruma seeraan hin mirkanoofne keessa woggaa 2 oliif tasgabbii fi wolitti fufiinsaan jiraattaniirtu ta’uu qaba.

Woliin jiraachuu fi hidhata jabaa qabaachuu mirkaneessuu qabdu. Kunis karaan inni mirkanahuun ga’ela seeraan hin mirkanoofne keessa jiraachuu (fakkeenyaaf, fuudha bifa aadaatiin godhamu) ykn ijoollee wal irraa qabaachuu kee.

**2. Ijoollee kee**

Kunis kan hammatu:

- Ijoollee kee kan ga’ela duraa keessatti argattee fi kan gaa’ela ammaa keessatti argatte.
- Ijoollee qaadhima keetii ykn haadha (manaa) , kun kan ta’e yoo yoo qaamni biran itti gaafatamummaa isaani fudhatuu hin jirreeedha( fakkeenyaaaf, du’aan boqatuun)
- Ijoollee seeraa guddifachaan guddifatte (kun ijoollee karaa seeraatin hin guddifatin hin hammatu)

Ijoolleen isin ufitti dabalachuudhaaf iyyata galfattaniif umuriin isaanii 18 gad ta’uu qabu.

Ijoolleen isin wolitti dabalamuudhaaf iyyata galfattaniif kan uf danda’anii kophatti jiraatan ykn kan gaa’ela keessa jiranii fi ijoollee qaban ta’uun irra hin jiru.

Daa’imni garaa haadha keessa (haati manaa kee ulfa yoo taate) jiru ykn haaraa dhalate osoo ati biyya kee gad hin lakkisin dura kan mirkanaaye ta’uu qaba.

Yeroo tokko tokko haala hin baratamneen miseensota maatii duraan hin galmeessin haala maatiin wolitti dabalamuuf iyyannoo itti galfatantu jira. Fakkeenyaaf miseensi maati kan qaama hirdhuuu ta’ee fi gargaarsa barbaachisu yoo ta’e. dhimma kanaratti ogeessa seeraa dubbisuun ni gorfama.

Miseensonni maatii isiniin wolitti dabalamuuf kan seerri daangessu yoo ta’e, karaa (**family reunion under Dublin III)** fi karaa viisaa maatii (**family visa**) deebi’anii isinitti makamuu malu. Kanarratti odeeffannoo dabalataa dhimma kanarraatti qophaahe ilaalaa.